
Kutaa 4

# Daawwii Garee

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen Dhabbata 'Save the Children' fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa'ee kan maxxanfamedha.


Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

# Daawwii Garee

Kutaa 4




## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

### Gaaffi Dubbisuun Duraa

Osoo dubbisa hindubbisiin gaaffiwwan deebisi

1. Barsiisonni keessan gareedhaan maalfaa isin daawwachiisanii beeku?
2. Waan tokko daawwachuuf qophiin dursaa taasifamuu qabu maalfa'i?



## Boqonnaa 1: Qophii Daawwannaan Duraa

Manni barnootaa  Odaa Nabee Sadarkaa Tokkoffaa haalota gara garaan kan barattoota hawwatuufi haalli baruufi barsiisuu isaa gaarii kan ta'edha. Barattoonni mana barnootaa kanatti baratan namuusa gaarii qabu. kanaafuu, barsiisonni isaanii akka dhala isaanii yokaan obbolaa isaaniitti barattoota kana jaallatu. Barattoonni Mana barnootaa  Odaa Nabee mooraan mana barnootaa isaanii akka nama hawwachuu danda'uuf biqiltuuwwan adda addaa dhaabu.

Biqiltuuwwan dhaabaman kanas bishaan obaasuun waan kunuunsaniif mooraan sun seenii daawwadhu nama jechisiisa.

Manni barnootaa kun akka inni nama hawwatu kan taasisan keessaa inni tokko biqiltootaafi qulqullina mooraa isaati. Inni biroon immoo haala bulchiinsa mana barnootaafi walitti dhufeenya barsiistotaafi barattootaati. Mana barnootaa kanatti barsiistuu Boontuu akka fakkeenyaatti yoo fudhanne barattoota isheef jaalala addaa kan qabdudha. Kanaafuu, baruma baraan dhuma waggaa irratti barttoota ishee bakkawwan addaa addaa geessitee daawwachiisuun bashannansiisti. Barattoonni ishees kanuma irraan kan ka'e, mana barnootaa isaanii waan jaallataniif iddoo biroo deemanii barachuu hinfedhan.

Barsiistuun Boontuu, waggaa waggaadhaan yeroo daawwannaa geessitu dursitee itti karoorsiti. Sanaan booda, manni barnootaa cufamuuf yeroo baatiin lama

hafu barattoota ishee mariisisuun maallaqa muraasa maatii isaanii irraa fiduun akka isaan walitti qaban taasifti. Maallaqni walitti funaanamu kun immoo gaafa isaan gareedhaan daawwannaa deeman gatii daawwannaafi affeerraa laaqanaaf kan oooludha. Barattoonnis maallaqa muraasa taate sana maatii isaanii mariisisanii fidanii dhufu.

Maallaqa barattoonni maatii isaanii irraa fidanii dhufan kan walitti qabu qarshi qabduuti jira. Nama qarshii qabu kana immoo barattootatuu dursee daree keessaa filata. Haaluma kanaan barattoonni maallaqa daawwannaa kanaa walitti qaban dhiira tokkoofi durba tokkotuu jira. Barattoonnis maallaqa daawwii kanaa qarshi qabdoota isaaniitti kennu. Barattoota kaffaltii kana kaffalan immoo callisaniituma kan irraa fuudhan osoo hintaane naga'ee kennaniif qabu.

Naga'een kunis kan chaappaa qabu osoo hintaane waraqaa xiqqoo irratti hanga maallaqni kennamee

itti barreeffamuun mallattoo qarshi qabdoota sana lamaaniituu irra jira. Qarshi qabdoonni maallaqa isaan walitti qaban kana immoo karaa biraatiin kan hordofan ni jiru. Isaan kanas nama tokko barattoota keessaa kan filatan yoo ta'u, kan biroon immoo barsiistuu isaaniituu filatamee hordofa. Mana barnootaa Odaa Nabeetti maallaqni sagantaa daawwannaa barattootaa haala kanaan walitti qabama.

Mana barnootaa kanatti barattoonni harka qalleeyyii ta'an yoo jiraatan deggarsa isaaniif ta'utuu jira. Deggersi kunis barattoonni kun maallaqa tokkollee osoo hinkaffaliin sagantaa daawwannaa kana irratti affeeramu. Kaffaltii daawwannaafi affeerraa laaqanaa barattoota kaantuu danda'a jechuudha.

Haala kanaan immoo baratani kamiyyuu sagantaa daawwii sana irraa hinafu. Sagantaa harka qalleeyyii deggeruu kanas kan fide barattootuma daree sanaati.

Barattoonni haala kanaan erga wal deggeranii booda, daawwannaa sanaaf qophii taasisu. Qophiin kunis dursanii huccuu ofii miiccachuufi qaama ofii dhiqachuufa'i. Shamarranis guyyaa biroo irraa haala adda ta'een rifeensa isaanii dha'atanii idaayyaa fakkaatanii qophaa'u. Haaluma qabeenya isaaniitiinis hanga laaqanni ga'ee hoteela deemanitti soorata tursiistuu isaaniif manatti qopheeffatu. Waantota daawwatan irraa kan hubatan immoo waraqaa yaadannoo itti qabataniifi qalama qofaatti qabachuun qophii taasisu.



## Boqonnaa 2: Seera Daawwannaa

Dhuma irratti barattoonni martinuu daawwii deemuuf erga qophaa’’anii booda, barsiistuu Boontuun seera daawwannaa barattoota barsiifti. Namni tokko akkuma arge manaa ba’ee bakka daawwannaa deemuun daawwatee kan galu osoo hintaanee daawwannaan seera qaba. Jalqaba irratti namni daawwii deemu tokko mallaqa kaffalee waan daawwatu tokko qabaachuu qaba. Sanaan booda, osoo bakka daawwiitti hinseeniin

naamusaafi seera adda addaa kabajuu qaba. Seerri kunis haaluma bakka yookaan waan daawwatamu sanaatti adda adda ta'uu mala.

Jalqaba namni waan tokko daawwachuuf deeme bakka maallaqni daawwii itti kaffalamu gaafachuu qaba. Sanaan booda, maallaqa daawwii sanaa erga kaffalee booda, naga'ee isaa harkatti qabata. Maallaqa kaffalanii yoo naga'ee isaa hinqaban ta'e yookaan immoo gatan si'a lammaffaa maallaqa nama kaffalchiisuu danda'a. Erga kaffaltii daawwii kaffalanii booda immoo namoota waan daawwatan sana daawwachiisan waliin deemanii daawwatu. Daawwachiisaan sun waan inni ibsaa jiru irratti waan namaaf hingalle gaafachuun nidanda'ama.

Gaaffii gaafatan immoo osoo namoota biroo gaaffii gaafachuu barbaadan osoo hinjeeqiin dabaree ofii eeggataniiti gaaffii gaafatu. Yeroo daawwachiisaan sun gaaffiif deebii kennu immoo isa galateeffachuun barbaachisadha.

Yeroo daawwii daawwatan waan daawwatan sana harkaan tuquun, irratti barreessuun, irra taa'uufi irra ejjechuun dhorkaadha. Bakka tokko tokkotti immoo waanta daawwatamu tokko suuraa kaasuun yookaan viidiyoo waraabuun dhorkaa ta'uu mala. Bakka kanatti immoo suuraa kaasuu irraa of qusachuudha.Kana malees mooraa waanti tokko daawwatamu keessa yeroo seenan daandii namaaf qophaa'e irra deemuu qabu. Kana jechuunis marga mooraaa sana keessatti kunuunfame irra deemuun yookaan irra ciisuun gaarii miti. Irra ciisanii bashannanuun yoo barbaachisellee daawwachiistota sana eeyyama gaafachuutu irraa eegama. Abaaboofi firii mukeen adda addaa mooraa sana keessa jiranis kutuun dhorkaadha. Sooftii, peestaaliifi qola fuduraalee adda addaa  bakkuma arganitti gatuun sirrii miti.

Yeroo waan akkasii gatuun barbaaddamu kachoo balfaa keessa buusuun barbaachisadha.

Yoo manni qulqullinaa nama barbaachises gaafachuudhaan sirnaan itti fayyadamuudha. Seera daawwattoonni kabajuu qaban keessaa inni biroon immoo meeshaalee bakka daawwii sana qabatanii seenuun dhorkaa ta'e qabatanii deemuu dhiisuudha. Fakkeenyaaf, meeshaalee qara qaban, meeshaalee waranaa, kibiriitiifi wantoota kana fakkaatan fuudhanii seenuun bakka itti dhorkaa ta'e jiraachuu mala. Bakka kanattis meeshaalee kunniin fuudhanii deemuu dhiisuun dansa.



## Boqonnaa 3: Wantoota Daawwataman

Barsiistuun Boontuu seera daawwii kana mara erga barattoota barsiiftee booda barattoota bakka daawwii geessite. Bakki barattoonni kun daawwachuuf manaa ba'an hedduu ta'us jalqaba irratti Galma Aartii Lammaa Guyyaa geessite. Galmi aartii kun Bilchiinsa Magaalaa Bishooftuutti argama. Galma kana keessattis fakkiiwwaniifi bocawwan adda addaa daawwatamantuu jira. Fakkiwwaniifi bocawwan kanas Artistii beekamaa Lammaa Guyyaa fi maatii isaatuu hojjete.

Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabees mooraa sana erga seenanii booda, kaaffaltii daawwannaa

isaa baayyina barattootaan kaffalan. Sanaan booda, galma aartii sana keessa seenanii fakkiiwwan aadaafi seenaa Oromoo agarsiisan daawwatan. Daawwachiisaan suns fakkiiwwan sana barattootatti agarsiisuun waan fakkichi ibsu ibsaaf. Bocawwan adda addaa, muka, gogaafi simmintoo irraa hojjetamanis ergaa isaan dabarsan waliin ibsa kennaaf.

Yeroo daawwii daawwatan kanatti barattoonni seera daawwii cabsan muraasni jiru ture. Fakkiwwaniifi bocawwan adda addaa kan harkaan qaqqabantu turan. Barsiistuun Boontuus barattoota kana adda baasuudhaan gorsite. Barattoonni seera kana cabsanis barsiiftuufi daawwachiisaa sana dhiifama gaafatan. Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabee haala kanaan Galma Aartii Lammaa Guyyaa daawwatanii xumuran. Daawwii kana irraas barnoota guddaa akka argatan ibsan.

Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabee Galma Aartii Lammaa Guyyaa erga daawwatanii booda gara

Hora Arsadeetti darban. Harri Arsadee seenaafi aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Horri kunis harawwan magaalaa Bishootuutti naanna'anii jiran keessaa isa tokko yoo ta'u bakka Oromoonni itti irreeffatanidha. Waggaa waggaatti Oromoonni miliyoonaan lakka'aman malkaa kanatti wal ga'anii waaqa kadhatu. Horri kunis tulluwwaniin marfamee kan jiru yoo ta'u hin yaa'u; hingogus.

Barattoonni hora kana daawwatanii hedduu ajaa'ibsiifatan. Miidhagina naannawa kanaa irraan kan ka'e hooteloonni adda addaa naannawa hara kanaatti ijaaramanii jiru. Namoonni biyya alaafi biyya keessaa hedduu ta'anis qarqara hara kanaa qubachuun daawwatu. Hora kana irra namoonni adda addaa bidiruudhaan irra deemanii bashannanu. Allaattiwwan akaakuu gara garaas hara kana irra balali'uun sagagalee isaan dhageessisan boqonnaa sammuu namaaf kenna.

Barattoonni gareedhaan hara kana daawwannaa deeman uumama hara kanaa hedduu erga

ajaa'ibsiifatanii booda, ammas bakka biroo daawwachuuf imalan. Bakki kunis bakka bashannanaa soodareeti. Soodareen bakka bashannanaa Godina Shawaa Bahaa Naannawa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti argamtudha. Iddoon bashannanaa kun qabeenya uumamaafi namtolchee ta'an adda addaa kan of keessaa qabdu yoo taatu, iddoo namoonni hedduun itti bashannaniidha.

Namoonni hedduun biyya keessaafi biyya alaa irraa dhufuun bakka bashannanaa Soodaree deemu. Bakka bashannanaa kana seenanii daawwachuuf kaffaltiin kaffalamu nijira. Kaffaltii kanas erga kaffalanii booda sakatta'insi taasifamnaan gara mooraatti seenu. Erga mooraatti seenanii booda, gurmuu qamalee namootatti madaqanii jiraatantuu akka waan nagaa nama gaafatanii harka namatti qabu.

Namoonni bashannanaaf deemanis waan akka muuzii, daaboofi nyaata adda addaa kennuuf. Isaanis sana baraniiti waan nyaatamu namarraa fudhachuuf namatti fiigu. Namoonni duraan qamalee soodaree

kana hinbeekne garuu, na nyaachuuf jedhaniiti irraa baqatu. Namoonni amala isaanii beekan immoo daabboofi muuzii yoo qabaatan baasanii kennuuf.

Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabees daawwiidhaaf deeman qamaleef daabboo kennan. Qamaleenis soorata argatte kana wal saamtee sooratte. Kanneen sooraticha hinargatiin hafan immoo barattoota waliin fiiguun "Anaan immoo maaf nyaata daabboo dhorkattan?" jedhanii waan kadhatan fakkaatu. Barattoonnis kana caalaa kennuufii waan hinbarbaanneef jalaa baqatan. Haata'u malee barattoonni gochaafi tapha qamaloota kanaa daawwatanii hedduu bashannanan.

Barattoonni Soodaree deeman haala teessuma lafa isaa daawwatanii hedduu ajaa'ibsiifatan. Manneen ciisicha adda addaa kan gaara guddaa baayyee ol dheeraa ta'e jalatti ijaaraman. Gaarichatti dhakaan kan heddummaatu yoo ta'u sun immoo magariisaan aguugamee jira. Dhakaan gaara sanaas akka

miidhaginaaf tolutti waan namni bocee wal irra tuule fakkaata.

Fiixee gaara sanaa irra sinbirriifi allaattiin yoo irra qubatan malee bineensonni biroon akka itti ol ba'aniif waan mijataa ta'e miti. Tulluu sanatti naanna'ee lafti jiru hangi tokko dirreedha. Tuulluufi dirree kana immoo yoo waliin ilaalan bakka kana dhiistee hindeemin nama jechisiisa. Barattoonni bashannanaaf deemanis gaara ilaaluun haala teessuma isaa daawwatanii ajaa'ibsiifamu.

Haalli qilleensaa Soodareefi naannawa ishee immoo baayyee ho'aadha. Haata'u malee bosonni naannawa kana jiru ho'a sana mo'atee qilleensa qabbanaa'aa nama obaasa. Tibba Gannaati, bokkaan darbee darbee rooba. Yoo roobes waan hinqorrineef hedduu namatti tola. Gaara kana jala kan yaa'u laga guddaa Hawaas jedhamutu jira. Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabee bashannanaaf deemanis laga guddaa kana qarqara taa'uun daawwatu.

Wantoota Soodareetti daawwataman keessaa inni biroon bosona isaati. Mukeen gurguddoo bosona Soodaree keessatti argaman baroota hedduu kan lakkoofsisanidha. Mukeen kunis dameedhaan dagaaganii mana jireenyaa namaaf ijaaraman fakkaatu. Mukti inni tokko muka isa biroo irratti damee isaa diriirsee ho'a aduu bakka kanaa namarraa ittisa. Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabees mukeen kana jala qubatanii daawwataa turan.

Biqiltuwwaniifi abaaboon mukeen sana jalatti  biqilan immoo mukeen gurguddaa sana qaqqabuuf waan fiigan fakkaatu.barattoonnis abaabowwan hedduu nama hawwatan kana itti jedhanii suunfachuun urgeeffatu. Mukeen gurguddaa bakka kanatti argaman kanneen akka qilxuu, laaftoo, arbuufi gaatiraafa'i. Barattoonni bakka kana deemanis mukeen gurguddaa kana  daawwatanii boqonnaa sammuu argatu.

Mukeen kun immoo bineensota hedduuf da'oo ta'anii tajaajilu. Bineensonni achi keessa jiran weennii, qamalee, karkarroo, booyyee, bosonuu, kurupheefi waraabessafa'i. Bineensonni caqafaman kun marti garuu yeroo hunda argamuu dhiisuu danda'u. Bineensonni guyyaa ba'an erga galanii booda kan halkan ba'an immoo nijiraatu. Kanneen halkan ba'an kunis guyyaa bosonuma sana keessa dhokatanii galgala immoo ba'uudhaan yeroo daandii irra deeman ni'argamu.


Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabee haala uumama Soodaree kanaa erga daawwatanii fixanii booda, gara bakka bishaan itti daakaa mutti dhufan. Daakaan soodaree haala umrii namaafi muuxannoo daakaa namni qabu irratti hundaa'ee kan kuufamedha. Ijoollotaafi namoota daakaa hinbeekneef bishaan ittifame gadi fageenya waan hinqaneef haala nama hinliqimsineen kuufame. Namoota muuxannoo daakaa qabaniif immoo bishaan ittifamee gadi fageenya qabutu jira. Barattoonni


Mana Barnootaa Odaa Nabees haaluma muuxannoo isaaniitiin bishaan kana daakaa turan.


Daakaa kana erga raawwataniis qophii daawwannaafi bashannana isaanii waan xumuraniif sagantaa affeerraatti deebi'an. Kun immoo kan ta'e hoteela soodaretti yoota'u affeerraa kanas erga raawwatanii booda sagantaa daawwii isaanii wal eebbisanii xumuran. Barsiistuu Boontuu kan daawwii kanaaf isaan qindeessuun fuutee deemtes haasaa gabaabaa taasisuun saganticha xumurte. Sanaan booda, daawwii kanarraa maal akka barattan Fulbaanatti qindeeffattanii dhufuun dareef gabaastu jechuun sagantaa daawwii xumurte.


## Gaaffiwwan dubbisuun boodaa


1. Barattoonni Mana Barnootaa Odaa Nabee maalfaa daawwatan?
2. Daawwachuun dura qophiin barattoonni taasisan maalfa'i?
3. Wantoonni soodareetti daawwataman maalfa'i?



Torban 2
Kutaa 4
Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 5
Kutaa 4
Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 6
Kutaa 4
Ilmoo Tujaara
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 10
Kutaa 4
Gargaarsa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 11
Kutaa 4
Hojii Dhiiraafi Dubartii
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 13
Kutaa 4
Daawwannaa
Leveled
Afaan Oromoo



Torban 15
Kutaa 4
Daawwii Garee
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 16
Kutaa 4
Bishaan Daakuu
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 20
Kutaa 4
Qusannoo Bishaanii
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 24
Kutaa 4
Dhaamsa Haadhaa
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 27
Kutaa 4
Haadha Bariisoo
Leveled
Afaan Oromoo


Torban 27
Kutaa 4
Gabaa Markaatoo
Leveled
Afaan Oromoo